Rabbiin ol ta'e guyyaa qiyaamaa irra laafaa adabamaa worra ibiddaatiin ni jedha: osoo wonti dachii keessatti argamu hundi kan kee ta'ee isaan of ni bittaa? eeyyeen jedha

Anas ibnu Maalik irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Rabbiin ol ta'e guyyaa qiyaamaa irra laafaa adabamaa worra ibiddaatiin ni jedha: osoo wonti dachii keessatti argamu hundi kan kee ta'ee isaan of ni bittaa? eeyyeen jedha, Rabbiinis ni jedhaan: yeroo ati dugda Aadam turtetti waan kana irra laafaan sirraa barbaadee ture: innis homaa akka anatti hin qindeessine ture, ati garuu anatti qindeessuu malee ni didde».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin irra laafaa adabamaa worra ibiddaatiin boodaa isaan seenanii akkas akka jedhu himani: osoo duuniyaanii fi wonti isii keessa jiru hundi kan kee ta'ee silaa isaan adabbii kana irraa of ni bittaa? innis eeyyeen jedha, Rabbiinis ni jedha: dugda Aadam keessa yeroo turtetti yeroo waadaan sirraa fuudhametti waan kana irra laafaa dhugumatti sirraa barbaadee itti si ajajeen ture; yeroon gara duuniyaatti si baase immoo shirkii malee ni didde.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/8315